

أورومو-إثيوبيا

مختصر صفة الصلاة

ومعه

الميسر في صفة الوضوء

و

الميسر في نواقض الوضوء

تأليف

أ.د. أحمد بن محمد الخليل

أستاذ الدراسات العليا بكلية الشريعة والدراسات الإسلامية بجامعة القصيم

ترجمة

محمد محمد حسين دوبي

Akkaataa Salaataa Gabaabinaan

Akkaataa Wuduu'aa

Fi

Wantoota Wuduu'a Diigan

Qopheessaan

Ustz. Dr. Ahmad Bin Muhammed Alkhaliil

Universitii Alqasiimitti Barsiisaa kolleejjii sharii'aa

Hiikaan

Muhammed Muhammedhusen Duubee

Baafata

Mata Duree	Fuula
Dursa	4
Dursa	6
Akkaataa wuduu'aa	7
Wantootaa wuduu'a balleessan	13
Wantoonni wuduu'a diigan afur:	13
Akkaataa Salaataa Gabaabinaan	15
Akkaataa salaataa irratti xiyyeeffatuu	15
Salaataaf Qophaayuu	17
Wuduu'a	17
Gara Salaataa Deemuu	18
Salaata Niyyatuu	19
Salaatatti Seenuu	20
Takbiiraa Seensaa(Takbiiraa Ihraamaa)	20
Dhaabbataa fi Qaraatii	21
Dhaabbata	21
Dhaabbata keessatti bakka harki kaayamu	22
Salaata keessa bakka ilaalamu	23
Du'aa'ii Baniinsaa	23
Du'aa'iiwwan Baniinsaa	23
Qaraatii Dura Maganfatuu	24
Basmalaa(Bismillaahi-rrahmaani-rrahiim)	25
Faatihaa Qara'uu	26
Sagalee gad-qabuu fi olkaasuu	27
Faatihaa Booda Aamiin jechuu	27
Qaraatii Faatihaa Boodaa	28

Qaraatii dheeressuu	29
Takbiiraawwan Cehumsaa	31
Rukuu'a	32
Rukuu'a irraa ol jedhuu	33
Sujuuda	36
Sujuudarraa ol jedhuu	39
Raka'aa Lammaffaa	40
Tashahhuda(attahiyyaata) Jalqabaa.....	42
Taa'umsa tashahhuda duraa keessatti akkaataan kaa'umsa harkaa bifa lama:-	42
Yeroo tashahhuda qara'u akkaataan kaa'umsa harkaa bifa sadi qaba:-.....	42
Tashahhuda(Attahiyyaata) duraa irraa ol ka'uu	45
Tashahhuda(Attahiyyaata) dhumaa	45
Salaama baafatuu.....	49
Tasgabbii fi khushuu'a	50
Sutraa(girdoo) nama salaatu fuuldura kaayamtu	51
Salaata Dubartii.....	54

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

Dursa

Faaruum kan rabbii aalamaati. Rabbi Salawaata, nagayaa fi barakaa nabiyyii keenna Muhammadiin, warraa fi waahiloota isaanii hunda irratti haa buusu.

Itti aansee:

Kuni maxxansaa haaraa kitaaba kiyya (akkaataa salaataa gabaabsamaa) jedhuuti. Akkaataa wuduu'aa fi wantoota wuduu'a balleessan bifa salphaa fi gabaabaa ta'een Jalqaba kitaaba kanaa irratti akka dabaluu yaanni naaf dhiyaatee jira. Wuduu'aa fi wantoonni wuduu'a diigan waa'ee salaataa dursanii dhiyaatuun barbaachisaa waan ta'eef Yaanni kuni yaada fudhatamaa ta'uu hubadhe.

Akkaataa wuduu'aa fi wantoota wuduu'a diigan ilaalchisee yaada garagaraa Ulamaa'onni (beektonni islaamaa) qaban ragaa wajjiin akkasumas yaanni sirrii (caalaan) kam akka ta'e bakka saditti bal'inaan dubbadhee jira.

kan duraa: Sharhii Zaadul Mustaqni'i

kan lammataa: Sharhii buluug almaraam

kan sadaffaa: Attowdiih almuqni'i sharhu arrowdul murbi'i

Barreeffamni gabaabduun akkaataa wuduu'aa fi wantoota wuduu'a diigan ilaalchisee jalqaba kitaaba kanaa irratti kaa'uuf deemu tuni cuunfaa waan bakka sadeen kanatti dubbadheeti. Cuunfaa tana keessatti akkaataa wuduu'aa fi wantoota wuduu'a

Akkaataa salaataa gabaabinaan

diigan yaada sirrii(caalaa) qofa bifa gabaabaa fi qayyabannaaf toluun yoo rabbi fedhe dubbadha.

Kan barreesse/ Dr. Ahmad Bin Muhammad Alkhaliil

WhatsApp/ 009665139079

15/03/1441Hij.

Dursa

Akkaataa Salaataa Gabaabsamaa

Faaruum kan rabbii aalamaati. Rabbi Salawaata, nagayaa fi barakaa nabiiyyii keenna Muhammadiin, warraa fi waahiloota isaanii hunda irratti haa buusu.

Akkaataa salaataa keessatti kitaaba qopheessee kitaaba sana keessaatti yaada Fuqahaa'otaa (beektota fiqhii) ragaawwan isaanii wajjiin akkasuma mariiwwan yaadota kana irratti adeemsifaman dubbadhee ture. Ergasii ragaa irratti hundaayee yaada jabaa fi caalaa ta'uun isaa naaf mul'ate agarsiisuun xumure.

Kitaaba kana cuunfee akkaataa salaataa bifa salphaa ta'een tartiibaan akka dhiyeessu akkasumas yaada garagaraa ulamaa'onni qaban dhiisee yaada sirrii ta'e kan ragaan hadiisa deeggaru qofa akka kaayu namoonni gariin yaada naaf dhiyeessanii turan. Yaanni kuni yaada fudhatamaa ta'uu hubadhe. Kanarraa ka'uun cuunfaa tana akkataa kaa'umsa isii akka salphatti namaaf galurratti xiyyeeffadhee barreesse. Rabbiin arjaan kennaan isaa hedduu kitaaba kanaan namoota akka fayyadu fi narraas qeebalu abdadha.

Kan barreesse/ Ahmad ibn Muhammad Alkhaliil

22 Safar 1440 Hij

Akkaataa wuduu'aa

- Muslimni hundi akkaataa wuduu'a itti godhu baratuun dirqama ta'uu ulamaa'onni walii galanii jiru.
- Wuduu'ini islaamummaa keessatti ibaadaa gugurdoo irraayi.
- Wuduu'ini sadarkaa hedduu qaba. Sanneen keessaa hadiisota keessatti deddeebi'ee kan dubbatame yakka namarraa buusuu dha. Akkuma hadiisa Abuu Hureeyraa keessatti dubbatame; Ergamaan rabbii(sallallaahu aleyhi wasallam) akkas jedhan:-

عن أبي هريرة رضي الله عنه، أن رسول الله صلى الله عليه وسلم قال: «ألا أدلكم على ما يمحو الله به الخطايا، ويرفع به الدرجات؟»، قالوا: بلى يا رسول الله، قال: «إسباغ الوضوء على المكاره، وكثرة الخطى إلى المساجد، وانتظار الصلاة بعد الصلاة، فذلكم الرباط، فذلكم الرباط». رواه مسلم (٢٥١)

Hadiisa Abuu Hureeyraan(Radiyallaahu Anhu) gabaaseen Ergamaan Rabbii(sallallaahu aleyhi wasallam) akkas jedhan: "Wanta rabbi yakkaan isinirraa haquu fi sadarkaa keessan ittiin olfuudhutti isin qajeelchuu?" Sahaabonni, "Ee yaa ergamaa rabbii" jedhan, "wanti namatti ulfaatu jiraatuu waliin wuduu'a sirritti godhuu (fkn: qilleensi qorra ta'uu fi bishaan qorraa ta'uu); tarkaanfii gara masjidaa baay'essuu;salaata booda salaata itti aanu masjidatti eeggatuu. Kanneen gochuun karaa rabbii keessatti wardiyyaa ta'uu dha;Kanneen gochuun karaa rabbii keessatti wardiyyaa ta'uu dha(-namni wantoota kanneen godhe mindaan isaa akka nama daangaa muslimtootaa diina kaafirtootaa irraa eeguuf duulee daangaa irratti wardiyyaa ta'eeti-).(muslim:251)

Namni tokko wuduu'a godhuu yoo barbaade rabbiin gargaarsifatee akka armaan gaditti ibsametti wudu'ata.

1. Wuduu'a godhuu niyyata. qalbitti niyyatuu malee arrabaan hin dubbatu. Kanaaf ragaan jecha Ergamaa Rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) kana:-

«إنما الأعمال بالنيات، وإنما لكل امرئ ما نوى»

Dalagaan sirrii kan taatu qalbitti yaaduuni(niyyaani);namni hundi waan qalbitti yaade(niyyate) argata.

2. Ergasii ganaa lamaan yeroo sadi dhiqa. Kuni jaalatamaa malee dirqamaa miti.
3. Ergasii yeroo takka lulluuqatee funyaanitti ulfudhatuun dirqama. Yeroo sadi godhuum ammoo jaalatamaa dha.
4. Lulluuqataa fi funyaanitti olfudhatuun bishaan hammaarraa takkaatiini. funyaanii fi afaaniif bishaan adda addatti hin fudhatu.
5. Imaamoonni afran Imaam (***Maalik,Ashaafi'ii,Abuu Haniifaa fi Ahmad***) lulluuqatuu fi funyaanitti olfudhatuun harka mirgaatiin; funyaanii gad-deebisuun harka bitaatiin ta'uun jaalatamaa ta'uu irratti waliigalanii jijru.
6. Ergasii yeroo(1) fuula dhiqatuun dirqama. Yeroo(3) godhuun jaalatamaa dha.
7. Daangaan fuulaa dhiqamuun dirqama ta'u gara hojjaatiin bakka rifeensi mataa jalqabu irraa eegalee hanga lafee areedaa(gicilee)ti.
8. Daangaan fuulaa gara dalgaatti gurraa hanga gurraati.
9. Daangaa fuulaa keessa rifeensi haphiin qaamni keessaan mul'atu yoo jiraate;rifeensaa fi qaama rifeensa jalaa dhiquun dirqama.kuni wanta maz-haboonni afran itti waliigalani.
10. Areedni yabbuu yoo ta'e qaama rifeensa jalaan jiru dhiquun dirqamaa miti.rifeensa qofa dhiqutu dirqama. Kunis qaama rifeensa yabbuu jalaan jiru dhiquun waan ulfaatuufi.

11. Ergasii harka lamaan hanga ciqileetti yeroo(1) dhiquun dirqama. Yeroo(3) dhiquun immoo jaalatamaa dha.
12. Ergasii mataa hunda gurra lamaan waliin bishaaniin yeroo(1) haxaayuun dirqama. bakka haxaayuun dirqama ta’u waliin yoo gahe bifa kamiinuun haxaayuun ni ta’a.Iddoon haxaayuun dirqama ta’u:- gara duraatiin bakka rifeensi margurraa eegalee duubaan hanga qolmataati.
13. Mataa fi gurra irra deddeebisanii haxaayuun jaalatamaa miti.
14. Akkaataan mataan itti haxaayamu:- harka lamaan mataa gara duraa irraa kaasee gara duubaa hanga qolmataatti fida; ergasii gara duraa bakka irraa jalqabetti deebisa.bifa kanaan haxaayuun sunnaa dha.
15. Ergasii quba akeektuu lamaan gurra keessa seensisee quba guddaa lamaaniin duuba qola gurraa irra haxaaya.
16. Ergasii miila lamaan kiyyoo wajjiin yeroo(1) dhiquun dirqama. Yeroo(3) dhiquun immoo jaalatamaa dha.

Bakka dhiqamuu qabu dhiisuun akeekkachiisa cimaa waan qabuuf; Iddoo dhiquun dirqama ta’u irratti xiyyeeffatanii guututti dhiquun dirqama. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) nama wuduu’a godhee koomee sirritti hin dhiqin arganii akkas jedhan:-

«ويل للأعقاب من النار»

«Koomeewwan badii isii!!! ibiddatu isiif jira»

Koomeen gara duubaa waan jirtuuf carraan sirritti osoo hin dhiqamin hafuu bal’aa waan ta’eef akka fakkeenyaatti kaasan malee iddoon dhiqamuu qabu kan miliqee hafu hunduu akkasuma. Bakka dhiqamuu qabu waliin gahanii dhiquun dirqama ta’uu ammas hadiisa armaan gadii irraa hubanna.

أن رجلاً توضأ فترك موضع ظفر على قدمه فأبصره النبي صلى الله عليه وسلم فقال:
ارجع فأحسن وضوءك فرجع، ثم صلى. رواه مسلم

Ergamaqan rabbii(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) Namicha tokko wuduu'a godhee miila isaa irratti iddoo xiqqoo hanga qeensaa geettu hin dhiqamin arganii "irra deebi'ii wuduu'a kee tolchi" jedhaniin. Irra deebi'ee wuduu'a tolchee ergasii salaate.(Muslimtu odeesse)

17. Wuduu'a keessatti tartiiba eeguun dirqam. Qaama dursee dhiqamu booda aansuu;kan booda dhiqamu dursuun hin ta'u. **Fkn:** harka dura miilli hin dhiqamu.

18. Wal-hordofsiisuun wuduu'a keessatti dirqama. Wal-hordofsiisuu jechuun:- *qaamni dursee dhiqame osoo hin gogin kan itti aanu dhiquu dha.* **Fkn:** osoo fuulli hin gogin harka lamaan dhiquu.

19. Wuduu'a booda akkana jedhama:-

أشهد أن لا إله إلا الله وحده لا شريك له ، وأشهد أن محمدا عبده ورسوله.

«Ash-hadu an-Ilaa ilaaha illallaahu, wahdahuu laa shariika lahuu, wa ash-hadu anna muhammadan abduhuu warasuuluh»

Haqaan gabbaramaan Rabbiin malee akka hin jirre ragaa baha; gabbartiin isaaf adda waahila hin qabu; Muhammad gabrichaa fi ergamaa isaa ta'uus ragaa baha.

Wuduu'a booda zikrii kana jechuun sadarkaa guddaa qaba. Sadarkaan zikrii kanaa hadiisa armaan gadii kessatti himame.

عن عمر ابن الخطاب رضي الله عنه قال، قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: من توضأ فأحسن الوضوء، ثم فقال: أشهد أن لا إله إلا الله، وحده لا شريك له، وأشهد أن محمدا عبده ورسوله، فتحت له أبواب الجنة الثمانية يدخل من أيها شاء.
رواه مسلم

Umar(Radiyallaahu Anhu) kan gabaaseen Ergamaam Rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkas jedhan:-“Namni wuduu'a bareechee godhee ergasii «“Ash-hadu an-Ilaailaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu wa ash-hadu anna muhammadan abduhuu warasuuluh” jedhe balballi jannataa saddeettan isaaf banamti; tan fedheen seena”»(Muslimtu odeesse)

Ummanni Nabi Muhammad(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) guyyaa qiyaamaa bakka(faana) wuduu'aatiin beekamti.

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال، سمعت النبي صلى الله عليه وسلم يقول: إن أمتي يدعون يوم القيامة غرا محجلين من آثار الوضوء. متفق عليه

Ummanni tiyya guyyaa qiyaamaa bakka wuduu'aatiin booqaa fi muxaa ta'anii dhufan.

عن حذيفة رضي الله عنه قال، قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: إن حوضي لأبعد من أيلة من عدن والذي نفسي بيده، إنني لأنود عنه الرجال كما يذود الرجل الإبل الغريبة عن حوضه، قالوا: يا رسول الله، وتعرفنا؟ قال: نعم تردون علي غرا محجلين من آثار الوضوء ليست لأحد غيركم. رواه مسلم

Naannigni(Hoowdiin) kiyya Eeylaa irraa hanga Adan caalaa bal'ata-(Eeylaan magaalaa biyya shaamitti argamtu yoo taatu Adan magaalaa biyya Yamanitti argamtu). Rabbii lubuun tiyya

Akkaataa salaataa gabaabinaan

harka isaa jirtutti kakadhee; akka namichi gaala ambaa eela ufii irra dhoorgutti namoota biroo howdii kiyyarraa dhoorga jedhan “Yaa ergamaa rabbii, nu beeytanii?” jedhanii sahaabonni gaafatan. “Ee isin beeka; bakka wuduu’aatiin booqaa fi muxaa taatanii natti dhufтан; isin malee namni tokkollee mallattoo tana hin qabu” jedhaniin. (Muslimtu gabaase)

Wantootaa wuduu'a balleessan

Wantoonni wuduu'a diigan afur:

1. Xinnaa ta'ee hedduu wantoota gara qaawwota lamaaniitiin bahan akka fincaanii fi sagaraa. Qaawwota lamaaniin ala wanti qaamarraa bahu kan akka haqqee, dhiigaa, funuunaa fi kkf wuduu'a hin balleessan garuu wantoota kanneeniif wuduu'a godhuun jaalatamaa dha.
2. Gaggabdoo ykn Hirribaan uf wallaaluu. Hirribni wuduu'a diigu hirriba cimaa sadarkaa miira dhabuu/ufwallaaluu gaheedha.
3. Qaama saalaa harkaan tuquu. Kanaaf ragaan hadiisa Amri ibn shu'eyb armaan gadii ti.

عن عمرو ابن شعيب عن أبيه عن جده عن النبي صلى الله عليه وسلم قال: أيما رجل مسّ فرجه فليتوضأ، وأيما امرأة مسّت فرجها فلتتوضأ. أخرجه أحمد وصححه البخاري

Amri ibnu Shu'eyb(Radiyallaahu Anhu) kan odeesseen nabiyyiin(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) akkas jedhan:-“Dhiirri kamuu qaama saalaa isaa tuqe wuduu'a haa godhu;dubartiin tamuu qaama saalaa isii tuuyxe wuduu'a haa gootu” (Imaamu Ahmadu gabaase, Bukhaariin sahiha ta'uu mirkaneesse)

- Dhiirti dubartii tuquun wuduu'a hin balleessu. garuu fedhiidhaan yoo ta'e uf eeggannoodhaaf wuduu'a godhuun gaarii dha.
- 4. Foon gaalaa nyaatuu. kalee, onnee, garaacha fi coomnis akkuma fooniiti.
- Maraqqni foon gaalaa wuduu'a hin balleessu yoo foon keessatti kan ciccite ta'e malee. maraqa keessatti foon yoo ciccite wuduu'a ni balleessa.
- Aannan gaalaa wuduu'a hin balleessu.
Foon gaalaa wuduu'a kan balleessu ta'uu ragaan hadiisa ***Jaabir ibn Samuraa*** armaan gadiiti.

عن جابر بن سمرة رضي الله عنه: أن رجلاً سأل رسول الله صلى الله عليه وسلم:
أأتوضأ من لحوم الغنم؟ قال: إن شئت فتوضأ، وإن شئت فلا توضأ. قال: أتوضأ
من لحوم الإبل؟ قال: نعم، فتوضأ من لحوم الإبل. رواه مسلم

***Hadiisa Jaabir ibn Samuraa(Radiyallaahu Anhu) odeesseen:
Namichi tokko “foon hoolaa irraa wuduu’a ni godhaa?”
jedhee ergamaa rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam)
gaafate. “Yoo feete godhi yoo feete dhiisi” jedhaniin. Foon
gaalaa irraa wuduu’a ni godhaa? Jedheen.“Ee; foon gaalaa
irraa wuduu’a godhi” jedhaniin.(Muslimtu gabaase)***

Akkaataa Salaataa Gabaabinaan

Akkaataa salaataa irratti xiyyeeffatuu

Akkaataa salaataa irratti xiyyeeffatuun baay'ee barbaachisaa dha. Ergamaan Rabbii(*Sallallaahu Aleeyhi Wasallam*) akkaataa salaataatiif xiyyeeffannaa guddaa kennan. Kanas hadiisa armaan gadii irraa hubatuun ni danda'ama.

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: أن رجلا دخل المسجد، ورسول الله صلى الله عليه وسلم جالس في ناحية المسجد، فصلى ثم جاء فسلم عليه، فقال له رسول الله صلى الله عليه وسلم: وعليك السلام، ارجع فصل فإنك لم تصل. فرجع فصلى ثم جاء فسلم، فقال وعليك السلام، ارجع فصل فإنك لم تصل. فرجع فصلى ثم جاء فسلم، فقال وعليك السلام ارجع فصل فإنك لم تصل. فقال في الثالثة علمني يا رسول الله، فقال: إذا قمت إلى الصلاة فأسبغ الوضوء ثم استقبل القبلة فكبر، ثم اقرأ ما تيسر معك من القرآن، ثم اركع حتى تطمئن راکعاً، ثم ارفع حتى تستوي قائماً، ثم اسجد حتى تطمئن ساجداً، ثم ارفع حتى تطمئن جالساً، ثم اسجد حتى تطمئن ساجداً، ثم ارفع حتى تطمئن جالساً، ثم اصنع ذلك في صلاتك كلها. متفق عليه⁽¹⁾

Abuu Hureyraan(Radiyallaahu Anhu) akka odeessetti: Osoo ergamaan rabbii(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) masjida keessa taa'aa jiran namichi tokko masjida seenee salaatee gara ergamaa rabbii dhufee salaama jedheen. Ergamaan rabbii(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) wa aleykassalaam jedhanii; "deebi'ii salaati hin salaannee" jedhaniin. Deebi'ee salaatee ergasii dhufee salaama jedheen.waleykumussalaam jedhanii; "deebi'ii salaati hin salaannee" jedhaniin. Deebi'ee salaatee ergasii dhufee salaama jedheen. Waleykumussalaam jedhanii; "deebi'ii salaati hin salaannee" jedhaniin. Sadaffaa irratti "kana caalaa hin beekuu na barsiisaa yaa ergamaa

(1) Bukharii(6251), muslim(397)

rabbii” jedheen. «Salaatuu yoo barbaadde wuduu’a sirritti godhi. Ergasii qiblatti garagalii ‘Allaahu Akbar’ jedhi. Ergasii qur’aanarraa waan sii laafe qara’i. Ergasii rukuu’a godhii hanga rukuu’a irratti raggaatutti turi. Ergasii rukuu’a irraa hanga qajeeltee dhaabbattutti oljedhi. Ergasii suujuuda bu’ii hanga sujuudarratti raggaatutti turi. Ergasii oljedhii hanga teettee raggaatutti turi. Ergasii salaata guutuu hanga xumurtuttii akkana godhi» jedhaniin.

Salaataaf Qophaayuu

Wuduu'a

Namni salaatuu barbaade wuduu'a yoo hin qabaatin godhuun dirqama. Rabbi(SW) akkana jedha:-

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا إِذَا قُمْتُمْ إِلَى الصَّلَاةِ فَاغْسِلُوا وُجُوهَكُمْ وَأَيْدِيَكُمْ إِلَى الْمَرَافِقِ
وَأَمْسَحُوا بِرُءُوسِكُمْ وَأَرْجُلَكُمْ إِلَى الْكَعْبَيْنِ وَإِنْ كُنْتُمْ جُنُبًا فَاطَّهَّرُوا وَإِنْ كُنْتُمْ
مَرْضَىٰ أَوْ عَلَىٰ سَفَرٍ أَوْ جَاءَ أَحَدٌ مِّنْكُمْ مِنَ الْغَايِطِ أَوْ لَمَسْتُمُ النِّسَاءَ فَلَمْ تَجِدُوا مَاءً فَتَيَمَّمُوا
صَعِيدًا طَيِّبًا فَامْسَحُوا بِوُجُوهِكُمْ وَأَيْدِيكُمْ مِنْهُ مَا يُرِيدُ اللَّهُ لِيَجْعَلَ عَلَيْكُمْ مِنْ حَرَجٍ
وَلَكِنْ يُرِيدُ لِيُطَهِّرَكُمْ وَلِيُتِمَّ نِعْمَتَهُ عَلَيْكُمْ لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٦﴾ المائدة: ٦

«Yaa warra rabbitti amantan,yoo salaatatti ka'uu feetan fuula keessan dhiqaa,harka keessan lamaanis hanga ciqileetti dhiqaa,mataa ykn rifeensa keessanis haqaa,miila lamaanis koomee lamaan wajjiin dhiqaa,janaabaa yoo qabaattan xahaaradhaa, dhibamaa yoo taatan ykn imalarra yoo jiraattan ykn sagaraan yoo isin qabe ykn dubaratii yoo qunnamtanii bishaan hin argatin biyyeen tayammuma godhaa fuula keessanii fi harka keessan biyyeen haxaayaa;rabbi waan isin dhiphisu isiniratti godhuu hin fedhu,isin qulqulleessuu fedha,qananii isaa isinirratti guutuu fedha; akka isin isa galatoomfattaniif» (Almaa'idah:6)

- Salaata hundaaf wuduu'a haaroomsuun jaalatamaa dha. Wuduu'a haaroomsuu jechuun osoo wuduu'a hin balleessin irra deebi'anii wuduu'a godhuu dha. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) salaata hunaaf wuduu'a

godhan turan. Wuduu'a haaroomsuun jaalatamaa ta'uuf san dura salaata tokko kan ittiin salaatame ta'uun ulaagaaa dha.

Gara Salaataa Deemuu

- Salaata waajibaa salaatu yoo barbaade gara masjidada deema. Suutaa fi tasagabbiin deemuu qaba.
- Masjidada yoo seene tahiyaa(sunnaa) masjidada salaata. Hadiisa Abuu Qataadaan(Radiyallaahu Anhu) odeesseen Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkas jedhan:

«إذا دخل أحدكم المسجد، فلا يجلس حتى يصلي ركعتين». متفق عليه⁽¹⁾

«Tokkoon keessan masjidada yoo seene; hanga raka'aa lama salaatutti hin taa'in»

- Ergasii taa'ee hanga salaataaf iqaamamu eega. Zikrii ykn qaraatii qur'aanaatiin jaatanaahu qaba. Waan salaata eeggatuu irra jiruun mindaan isaa akka waan salaata keessa jiruu ti. Hadiisa Abuu Hureeyraan(Radiyallaahu Anhu) odeesseen ergamaan Rabbii(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) akkana jedhan:-

عن أبي هريرة رضي الله عنه: أن رسول الله ﷺ قال: الملائكة تصلي على أحدكم ما دام في مصلاه، ما لم يحدث: اللهم اغفر له، اللهم ارحمه، لا يزال أحدكم في صلاة ما دامت الصلاة تحبسه، لا يمنعه أن ينقلب إلى أهله إلا الصلاة. رواه البخاري⁽²⁾

Malaa'ikoonna tokkoo keessan salaata eeggatuuf masjidada(bakka salaataa) turuuf araarama kadhatan waan wuduu'a hin balleessiniin ykn nama hin jeeqiniin(nama jeequun hamatuun ykn arrabsuu fi kkf ta'uu danda'a).“Yaa rabbi isaaf araarami,yaa rabbi rahmata isaaf godhi” jedhan.

(1) Albukaarii(1163), Muslim(714)

(2) . Albukaarii(659)

Tokkoon keessan salaata eeggatuu qofaaf yoo turu; mindaan isaa akka waan salaata keessa jiruuti; gara maatii isaa deebi'uu kan isa dhoorge salaataa eeggatuu qofa yoo ta'e. (Bukhaaritu gabaase)

- Mu'azzinni yoo iqaame akka takbiiraa seensaa(Takbiiraa Ihraamaa) dhaqqabatutti ol ka'a.
- Saffii wal qixxeessuu fi nama walitti maxxansuun imaama irratti dirqama. Saffiin walqixxaayuun qixa tokko irratti galuun yoo ta'u; walitti maxxanuun ammoo qaawwi jiddu namootaatti hafuu dhabuu dha.

Salaata Niyyatuu

Salaanni sirrii ta'uudhaaf niyyaan ulaagaa dha. Salaata waajibaa salaatuu barbaadu sana niyyatuu qaba. Niyyaa malee salaanni hin hidhamtu.

Salaatatti Seenuu

Takbiiraa Seensaa(Takbiiraa Ihraamaa)

- Takbiiraan seensaa arkaanota salaataa keessaa takka waan taateef daguus ta'ee wallaalaan hin kuftu. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleyyihi wasallam) namicha salaata balleesse yoo barsiisan “gara salaataa kaatee yoo dhaabbatte Allaahu Akbar jedhi” jedhaniin.
- Jecha “**Allaahu Akbar**” jedhuun malee salaanni hin hidhamtu.
- “**Allahu Akbar**” jechuun rabbi waa hunda caalaa guddaa jechuu dha. Faaruu, guddinaa fi kabajaadhaan dubbatamutu isaaf mala.
- Osoo ol qixxaayanii hin dhaabbatin “**Allaahu Akbar**” jechuun hin ta’u. takbiiraa seensaa osoo olqajeelanii hin dhaabbatin yoo jedhan gatii hin qabdu.
- Takbiiraa seensaa yoo jedhan harka lamaan olfuudhuun sunnaa dha.
- Harka olfuudhuu fi takbiiraa jechuun walbira ta’uu qaba. Haraka olfuudhuun Takbiiraa irraa boodatti hafuu ykn dursuu hin qabu.
- Yeroo harka olfuudhan qubbeen harkaa walitti maxxananii diriiruu qabu.
- Harka olfuudhuu keessatti hanga ceekuu lamaanii ykn hanga qixa gurraa keessaa tokko filatuun ni ta’a.
- Dubartiinis akkuma dhiirri olfuudhutti olfuuti.
- Imaamni Takbiiraa yoo jedhu sagalee olkaasuun dirqama. Akka barbaachisutti itti hidhatuu fi hordofuun waaan hin danda’amneef imaamni sagalee olfuudhee namoota duubaan salaatan dhageessisuu qaba.

Dhaabbataa fi Qaraatii

Dhaabbata

- Salaata waajibaa keessatti dhaabbanni ruknii waan ta'eef isa malee salaanni sirrii hin taatu.
- Salaata sunnaa keessatti dhaabbatuu osoo danda'an taa'anii salaatuun ni ta'a. imaama dhaabbatee salaatutti hidhatanii dhaabbatanii salaatuu osoo danda'an taa'anii salaatuun salaata sunnaa keessatti ni taa'a. Fkn salaata taraawiihaa keessatti.
- Nama salaata dirqamaa keessatti dhaabbatuu hin dandeenne; sababa dadhabbii isaatiif dhaabbanni irraa kufa. Rabbi(Subhaanahuu Wata'aalaa) akkana jedha:-

﴿فَاتَّقُوا اللَّهَ مَا اسْتَطَعْتُمْ﴾ الخ: ٦١

“ Waan dandeettaniin na sodaadhaa” (Attagaabun:16)

Ergamaan rabbii(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) akkana jedhan:-

«إذا أمرتكم بأمر فأتوا منه ما استطعتم»⁽¹⁾

« Dhimma tokkotti yoo isin ajaje hanga dandeettan irraa hojjadhaa»

- Namni dhaabbata hin dandeenne maal akka godhu ergamaan rabbii(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) himanii akkas jedhan:-

«صلّ قائماً فإن لم تستطع فقاعدا فإن لم تستطع فعلى جنب»⁽²⁾

«Dhaabbadhuu salaati,yoo hin danda'in taa'ii salaati, taa'uu yoo hin danda'in cinaacharratti salaati»

(1). Albukhaarii(7288), muslim(1337)

(2). Albukhaarii(1117)

Hadiisni kun nama dhaabbatuu hin dandeenne irraa dhaabbanni akka kufu ibsa.

- **Madaallii dhaabbata dadhabuu:-** yoo dhaabbatee salaatu, dhaabbatuun itti ulfaatee salaatatti xiyyeeffatuu irraa kan jeequ yoo ta'e namni kun dhaabbata hin danda'u jedhama. Kana jechuun: dhaabbanni itti ulfaatee sadarkaa khushuu'a salaata isaa hir'isu irra yoo gahe taa'ee salaatuun ni ta'a.
- Salaata waajibaa keessatti namni dhaabbata danda'u osoo wahitti hin irkatin ufdanda'ee dhaabbatuun dirqama. Namni rakkoo malee ulee ykn wanta birootti irkate – wanti itti irkate yoo jalaa fuudhame hanga jigu yoo irkate - salaanni isaa sirrii hin ta'u.

Dhaabbata keessatti bakka harki kaayamu

- Namni salaatu harka lamaan oldachaasuu qaba. Gadi diriirsuun(rarraasuun) faallaa sunnaati. Harki mirgaa harka bitaa gubbaa kaayama. Ragaan kanaa hadiisa armaan gadiiti.

عن وائل ابن حجر رضي الله عنه، أن النبي صلى الله عليه وسلم: كان يضع يده اليمنى على اليسرى في الصلاة.⁽¹⁾

Waa'il inb Hujr(Radiyallaahu Anhu) kan odeesseen Ergamaan Rabbii(sallallaahu aleyhi wasallam) salaata keessa harka isaanii mirgaa harka bitaa irra kaayan.

- Harka mirgaa bitarra kaayee harka mirgaatiin bitaa qabata ykn harka mirgaa bitarra diriirsee kaaaya.
- Harka mirgaa bitaa irra bifa dubbatame kanaan kaayee qomaa gadi ykn garaa irratti qabata.

Qomaa gadi,jidduu qomaa fi garaa kaayuun khushuu'a(salaatarratti xiyyeeffatuuf) waan gargaaruuf

(1).Muslim(401)

filatamaa dha. Qoma irra gara olii kaayuu immoo Imaamu Ahmad jibbamaadha jedhan.

Salaata keessa bakka ilaalamu

- Namni saalaatu iddoo sujuuda itti bu’u ilaalu qaba. ija achirraa yoo kaasee faallaa sunnaa dalagee jira. Gara samii ilaaluun immoo haraama(dhoorgaa)dha.

Du’aa’ii Baniinsaa

- Dhaabbatee qiblatti deebi’ee takbiiraa seensaa erga jedhe booda du’aa’ii baniinsaa jedha. Du’aa’ii baniinsaa qara’uun jaalatamaa malee dirqamaa miti.
- Du’aa’iin baniinsaa hedduu jira. Tan barbaade keessaa yoo qara’e ni ta’a. garuu yeroo garagaraatti jijjiiraa qara’utu caalaa dha.

Du’aa’iiwwan Baniinsaa

«سبحانك اللهم وبحمدك، وتبارك اسمك، وتعالى جدك، ولا إله غيرك»

«Subhaanaka Allaahumma wa bihamdika,watabaaraka ismuka,wata'aalaa jadduka,walaa ilaaha gheeruka»

«*Yaa Rabbi qulqullinaa fi faaruun hundi keeti.barakaan maqaa keetii baay'ate,mootummaan keetis ol ta'e; si malee gooftaan haqaan gabbaramu kan biraa hin jiru*»

اللهم باعد بيني وبين خطاياي كما باعدت بين المشرق والمغرب، اللهم نقني من خطاياي كما ينقى الثوب الأبيض من الدنس، اللهم اغسلني بالماء والثلج والبرد.

«Allaahumma baa'id beeynii wabeeyna khaxaayaaya kamaa baa'adta beeynal-mashriqi wal maghribi.Allaahumma naqqinii min khaxaayaaya kamaa yunaqqaa-thowbul-abyadu minadanas.Allaahumma ighsilnii min khaxaayaaya bil-maa'i, wathalji, wal-barad»

«Yaa Rabbi akka bahaa fi dhiha addaan fageessitetti anaa fi balleessaa(yakka) tiyya addaan fageessi.Yaa Rabbi akkuma huccuun adiin yoo miicamu xurii irraa qulqullaa'utti anas yakka tiyya irraa na qulqulleessi.Yaa Rabbi! yakka tiyya bishaan,fixeensaa fi cabbiidhaan narraa dhiqi»

- Du'aa'ii baniinsaa sagalee gadi qabatanii qara'an.Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) du'aa'ii baniinsaa sagalee olfuudhanii jedhanii hin beekan.

Qaraatii Dura Maganfatuu

- Qaraatii dura maganfatuun sunnaa dha. Rabbi(Subhaanahuu Wata'aalaa) akkana jedha:-

﴿فَإِذَا قَرَأْتَ الْقُرْآنَ فَاسْتَعِذْ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ﴾ ١٨ | نوح: ٨٩

«Qur'aana qara'uu yoo barbaadde;sheyxaana rahmata rabbi irraa darbamaa ta'e irraa rabbiin maganfadh» (Annahl-98)

- Raka'aa jalqabaa qofa osoo hin taane raka'aa hunda keessattuu maganfatuun ni ta'a.
- Maganfannaan akkaataa hedduun jira. Isaanis:-

1. أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ

«A'uuzu billaahi mina-sheyxaani-rrajiiim»

«Sheyxaana rahmata Rabbii irraa darbamaa ta'e irraa Rabbitti maganfadh»

2. أَعُوذُ بِاللَّهِ السَّمِيعِ الْعَلِيمِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ

«A'uuzu billaahi Assamii'il-aliimi mina-sheyxaani-rrajiiim»
«Rabbii dhagayaa,waa hunda beekaa ta'een sheyxaana darbamaa irraa maganfadh»

3. أَعُوذُ بِاللَّهِ السَّمِيعِ الْعَلِيمِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ، مِنْ هَمْزِهِ، وَنَفْخِهِ، وَنَفْثِهِ

«A'uuzu billaahi Assamii'il-aliimi mina-sheyxaani-rrajiiim,
min hamzihii,wa naf-kihii,wa naf-thihii»

**«Rabbii dhagayaa, waa hunda beekaa ta'een sheyxaana
darbamaa irraa maganfadhha. waswaasa, boonaa fi weelluu
isaa irraa»**

- Kanneen keessaa kamiinuu yoo maganfatan ni ta'a. **A'uuzu billaahi mina-sheyxaani-rrajiim** qur'aana keessatti kan dhufe waan ta'eef baay'inaan isaan maganfatuun jaalatamaa dha.
- Salaata sagalee olfuudhanii fi gad-qabatan keessattillee maganfannaa sagalee gadi qabatanii maganfatan.

Basmalaa(Bismillaahi-rrahmaani-rrahiim)

- Erga maganfate booda osoo faatihaa hin qara'in, "**Bismillaahi-rrahmaani-rrahiim**" jedha.
- Basmalaa yoo jedhan sagalee ol hin fuudhan. Ergamaan Rabbii(Sallallaahu Aleeyhi Wasallam) basmalaa yoo qara'an sagalee ol hin fuudhan.
- Basmalaan kitaaba rabbii keessatti aayaata takka. garuu aayatoota suuraawwanii keessatti hin lakkaayamtu. suuraa **Namlia** jidduu keessatti akka aayata tokkotti laakkayamtee dhufte. Suuraa **Towbaa** malee jalqaba suuraawwan hundaa irra basmalaan ni jirti. Jidduu suuraawwanii addaan baasuu fi barakaadhaaf jalqaba irratti dhufte malee lakkofsaan aayatoota suuraawwanii keessatti hin lakkaayamtu. Suuraa **Namlia** jidduu keessatti tan dhufte qofatu lakkofsaan aayatoota suuraa keessa gala.

Faatihaa Qara'uu

- Faatihaan rukniiwwan salaataa keessa takka waan taateef isii malee salaanni hin ta'u. Beekaas ta'ee daguun namni dhiise salaanni isaa baddee jirti. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkas jedhan:-

« لا صلاة لمن لم يقرأ بفاتحة الكتاب »

Nama faatihaa hin qara'in salaanni isaa hin taane.

« من صلى صلاة لم يقرأ فيها بأم القرآن فهي خداج »

Namni salaata salaatee faatihaa keessatti hin qara'in salaanni sun sirrii miti.

- Muslimni tokko faatihaa yoo hin tolfatin baratuun isarratti dirqama. Wanti dirqamni isa malee hin raawwanne innis dirqama ta'a.
- Dullummaa ykn sababa birootiif namni baratuu hin dandeenne bakka faatihaa qur'aanarraa waan qixa faatihaa ta'u qara'a. aayatoota 7tu qixa faatihaa ta'a.
- Qur'aanarraa aayatoota torballee yoo hin danda'in bakka faatihaa zikriiwwan armaan gadii shanan tana jedha:

سبحان الله

Subhaanallaah

والحمد لله

Walhamdulillaah

ولا إله إلا الله

Walaa ilaaha illallaahu

والله أكبر

Wallaahu Akbar

ولا حول ولا قوة إلا بالله العلي العظيم

Walaa howla walaa quwwata illaa billaahi Al-aliyyi Al-athiim

Namni imaamatti hidhatee salaatu(*ma'imuumni*) salaata sagalee olfuudhan keessatti raka'aa imaamni olfuudhee qara'u keessatti faatihaa qara'uun isarratti dirqamaa miti. qaraatii imaamaa dhageeffatuu qaba.

Sagalee gad-qabuu fi olkaasuu

- Salaata Fajrii,Magribaa fi Ishaa'ii keessatti imaamni raka'aa lamaan duraa keessatti sagalee olkaasee qara'uun dirqama. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) salaata kanneen keessatti yeroo hunda sagalee olfuudhanii salaatan. gochi isaanii kun salaata kanneen keessatti sagalee olfuudhanii qara'uun dirqama ta'uu agarsiisa.
- Qaraatii fi zikriiwwan dirqama ta'an biroollee arraba sochoosanii qara'uun dirqama. Osoo arraba hin sochoosin sammuu keessatti qara'uun gatii waan hin qabneef salaanni sirrii hin taatu.
- Salaata zuhrii fi Asrii keessatti qaraatii sagaleen ol hin fuudhamu.
- Namni imaamatti hidhatee salaatu(ma'imuumni);salaata sagaleen olfuudhamu keessatti yoo qaraatii imaamaa kan dhagahu ta'e faatihaa fi qur'aanallee qara'uun isarra hin jiru. cal'isee imaama dhageeffatuu qaba. Sababni imaamni sagalee olfuudhee akka qara'u godhameef namoonni itti hidhatanii salaatan akka dhageeffataniifi.

Faatihaa Booda Aamiin jechuu

- Imaama,munfarida(nama adda salaatu) fi ma'imuumni(namni imaamatti hidhatee salaatu) hunduu **Aamiin** ni jedhu. Munfaridni(namni adda salaatu) erga faatihaa qara'e booda **Aamiin** jedha.

- Yoo imaamni faatihaa geessee '**waladdaallin**' jedhe; Imaamaa fi ma'imuumni walbira **Aamiin** jedhu. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkana jedhan:-

«إذا أمن الإمام فأمنوا، فإنه من وافق تأمينه تأمين الملائكة غفر له ما تقدم من ذنبه»⁽¹⁾

Yoo imaamni 'Aamiin' jedhe; 'Aamiin' jedhaa. Nama Aamiiniin isaa Aamiinii malaa'ikootaa qunnamte yakki isaa kan dabre isaaf araarama.

Qaraatii Faatihaa Booda Qara'amu

- Raka'aa lamaan duraa keessatti qofa faatihaa booda qur'aanni kan qara'amu. Raka'aa 3ffaa fi 4ffaa keessatti faatihaa booda qur'aanni hin qara'amu; garuu dabree dabree xiqqeessanii qara'uun rakkoo hin qabu.
- Salaata **Fajrii** guyyaa **Jum'aatti** suuraa **Assajdaa** ﴿الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ﴾ qara'uun jaalatamaa dha.
- Sababni suuraalee tana guyyaa kana salaata tanatti qara'uun jaalatamaa ta'eef; suuraan lamaan tun waa'ee **uumama Aadamii** fi **taateewwan guyyaa qiyaamaa** dubbatti. Uumamni Adam guyyaa jum'aa ture. Qiyaamaanis kan taa'uuf deemtu guyyaa jum'aa keessa kanaaf suuraalee tana qara'uun taateewwan kana lamaan akka nama yaadachiisuufi. Fajrii guyyaa jum'aa keessatti namni suuraa sajdaa hin qara'in suuraa biroo tan sujuuda tilaawaa qabdu filee qara'uun jaalatamaa miti. Kan barbaadame suuraa sujuuda qabdu qara'uu osoo hin taane dhimma suuraan dubbattu nama yadachiisuu dha. Sunis **uumama Adam** kan guyyaa jum'aa keessa turee fi **bu'iinsa qiyaamaa** guyyaa jum'aa keessa ta'uuf deemu dha.

(1) . Albukhaarii(780), Muslim(410)

Qaraatii dheeressuu

- Faatihaa booda raka'aa duraatti suuraa guutuu; raka'aa lammataatittillee suuraa guutuu qara'uun sunnaa dha.
- Suuraa gara jalqabaa raka'aa duraatti gara dhumaa raka'aa lammataatti yoo qara'anis ni ta'a.
- Suuraa gara dhumaa irraa qara'uunis rakkoo hin qabu. garuu yeroo hunda akkas godhuun jaalatamaa miti. Sunnaan suuraa guutuu qara'uu ykn ammoo jalqaba suuraa irraa hanga tokko qara'uu waan ta'eef dhuma suuraa irraa yeroo hunda qara'uun jaalatamaa miti.
- Salaata **Fajrii(Subhii)** suurawwan dheeraa irraa;**Magriba** suuraawwan gaggabaaboo; salaata hafan (**Zuhrii,Asrii fi Isha'a'ii**) suuraawwan giddugaleessa irraa itti qara'ama.
- Imaama qaraatii dheeressee qara'aa jiru; nama itti hidhate(ma'imuumma) rakkoon tasaa qabatamaan isa ariifachiisu yoo qunname; imaamarraa hiikkatee salaata isaa adda xumuruun ni hayyamamaaf.
- Namni salaataaf seenaa jiru akka dhaqqabatu imaamni raka'aa duraa dheeressuun barbaadamaa dha. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) salaata dheeressuu fi gabaabsuu akkasuma dafanii eegaluu fi booda aansuu keessatti haala namoota isaan wajjiin salaatanii irratti hundaa'an. Fkn:-
 - boo'icha daa'ima yoo dhagahan Nabiyyiin(sallallaahu aleeyhi wasallam) salaata ni gabaabsan.
 - Salaata ishaa'ii namoonni hundi dhufuu yoo argan dafanii salaatan;namoonni barfatuu yoo argan ni turan.
- Rukuu'a dura(qaraatii booda) xinnoo cal'isuun sunnaa dha. Cal'isni tuni gabaaduu **qaraatii** fi **takbiiraa** rukuu'aa addaan baastu malee cal'iinsa dheertuu miti. **Ibnul-qayyim(rahimahullaah)** cal'iinsa tana qaraatii irraa bahanii hanga hafuura deeffatanitti tilmaaman.
- Akkuma qaraatii geessaniin osoo hafuura hin fudhatin '**Allaahu akbar'** jedhanii gara rukuu'aa bu'uun faallaa sunnaati.kanaaf

Akkaataa salaataa gabaabinaan

Imaamu Ahmad(rahimahullaah) qaraatii fi takbiiraa walitti hidhuun jibbamaadha jedhan.

Takbiiraawwan Cehumsaa

- Takbiiraawwan cehumsaa dirqama. Takbiiraan cehumsaa takbiiraa yeroo haala tokkorra gara biraa dabran jedhani. **Fkn** dhaabbata irraa gara rukuu'aa,rukuu'a irraa gara sujuudaa yoo bu'an "**Allaahu Akbar**" kan jedhanii fi kkf hundi takbiiraawwan cehumsaa jedhaman. walumaagalatti **takbiiraa seensaa** malee hunduu takbiiraa cehumsaa ti.
- Takbiiraan cehumsaa dirqama haa taatu malee daguudhaan namarraa kufti. Kana jechuun dagatanii yoo dhiisan salaanni hin baddu garuu sujuuda daguu bu'uudhaan sirrooyti ykn bakka butti jechuu dha.

Rukuu'a

- Rukuu'ini rukniiwwan salaataa irraa tokko. Wallaalaan ta'ee daguun yoo dhiifame salaanni ni baddi.
- Rukuu'a yoo bu'an harka lamaan olfuudhuun sunnaa dha.
- Namni tokko rukuu'a godhe kan jedhamu; hanga harki isaa lamaan jilba lamaan dhaqqabutti yoo gadi-jedhe qofa.hanga harki jilba tuqu yoo gadi hin jedhin rukuu'ini isaa sirrii miti.
- Rukuu'a irratti kan ta'uu qabu harki jilba mijeeffatuu dha. Harki jilba mijeeffatuun waa lamaan mirkanaaya:-
 - Harkaan jilba qabuu
 - Jilba yoo qaban qubbeen addaan babaasuu(walitti maxxansuu dhabuu).qubbiin yoo walitti maxxane harki jilba mijeeffatee qabuu hin danda'u.
- Rukuu'a irratti qixa tokkoon ta'uun jaalatamaa dha. Kana jechuun mataa osoo gadi hin buusinii fi ol hin kaasin akkasuma duuyda osoo hin dhommoyisin mataa wajjiin qixa tokkoon diriirsuu dha. Aa'ishaan(Radiyallaahu Anhaa) akkaataa rukuu'a ergamaa rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) yoo himtu; *“Nabiyyiin(sallallaahu aleeyhi wasallam) rukuu'a yoo godhan mataa isaanii gadi hin buusan olis hin kaasan”* jetti.
- Zikriiwwan rukuu'a keessatti jedhaman kanneen armaan gadiiti:-

سبحان ربي العظيم

«Subhaana Rabbiyal-Aziim»

«*Rabbiin kiyya guddaan qulqullaayeera(hir'uu hundarraa)*»

Zikriin kun wantoota salaata keessa dirqama(waajiba) ta'an keessaa tokko. Kanneen armaan gadii kanas dabalee yoo jedhe jaalatamaa dha.

سبوح قدوس رب الملائكة والروح

«Subbuuhun Qudduusun Rabbul Malaa'ikati Warruuh»

«Rabbiin malaa'ikootaa fi jibriil qulqullaayee ulfaate»

سبحانك اللهم ربنا وبحمدك اللهم اغفر لي

**«Subhaanaka Allaahumma Rabbanaa Wabihamdika
Allaahumma Igfirlii»**

**«Yaa gooftaa keenna qulqullinnaa fi faaruunis siif haa ta'u.
yaa rabbi naaf araarami»**

سبحان ذي الجبروت والملكوت والكبرياء والعظمة

**«Subhaana zil-jabaruuti Wal-malakuuti Wal-kibriyaa'i Wal-
azamah»**

**«Abbaan humnaa,mootummaa, boonaa fi guddinaa waan
isaan hin malle hunda irraa qulqullaye»**

- Zikriiwwan kanarraa hanga dirqama ta'u yeroo(1) qofa '**Subhaana Rabbiyal-Aziim'** jechuu dha. Guutuu ta'ee gadi aanaan yeroo sadi. Sanii ol hanga namatti mijaayee fi hanga danda'an jechuun ni ta'a. yeroo tokkoo ol hanga jedhamu laakkofsaan hin daangeffamu. Namni haalli mijaayeeef hanga danda'e jechuun ni hayyamama.

Rukuu'a irraa ol jedhuu

- Rukuu'a irraa ol jedhuun:- rukuu'a booda qajeelanii tasgabbiin dhaabbatuu dha. Rukuu'a irraa ol jedhanii dhaabbatuun rukniwwan salaataa keessaa tokko.
- Qajeelanii dhaabbatuun kan madaalamu lafeeleen dugdaa yeroo rukuu'a bu'an dachaate diriirtee bakka isiititti deebi'uudhaani. Namni akkuma rukuu'a irraa ol jedhee dhaabbateen dafee gara sujuudaa bu'e;rukuu'a booda qajeellee tasgabbiin hin dhaabbanne.

Abuu Humeyd(Radiyallaahu Anhu) akkaataa salaata ergamaa rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) yeroo ibsu akkas jedha:-

«فإذا رفع رأسه استوى حتى يعود كل فقار مكانه». رواه البخاري⁽¹⁾

(1) . Albukhaarii(828)

Ergamaan Rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) mataa isaanii rukuu'a irraa yoo ol fuudhan;hanga lafeen dugdaa hundi bakka isiititti deebitutti qixxayanii dhaabbatan.

Aa'ishaanis(Radiyallaahu Anhaa) akkana jette:-

«وكان إذا رفع رأسه من الركوع لم يسجد، حتى يستوي قائماً» رواه مسلم⁽¹⁾

Ergamaan Rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) mataa isaanii rukuu'a irraa yoo ol fuudhan; hanga qajeelanii tasgabbiin dhaabbatanitti sujuuda hin bu'an.

- Rukuu'a irraa yoo ol jedhan harka lamaan ol fuudhan. Yeroo ol jechuu eegalu harka ol fuudhuu jalqaba. Ol jedhuu fi harka ol fuudhuun wal bira ta'uu qaba.
- ***'Sami'allaahu liman hamidah'*** jechaa oljedhee erga dhaabbate booda ***'Allaahumma Rabbanaa walakal-hamdu,mil'a-ssamaawaati,wamil'al-ardi, wa mil'a maa beeynahumaa, wamil'a maa shi'ita min sheey'in ba'idu'*** jedha.
'Ahla-ssanaa'i wal-majdi, ahaqqu maa qaalal-abdu, wakullunaa laka abdu, laamaani'a limaa a'ixeeyta, walaa mu'ixiya limaa mana'ita, walaa yanfa'u zal-jaddi minkal-jaddu' kanas dabalee yoo jedhe gaarii dha.

Erga ***'Sami'allaahu liman hamidah'*** jedhe booda akkaataa faaruu bifa afran armaan gadii kanneen keessaa tokko fayyadamuu ni danda'a.hunduu sirrii dha.

ربنا لك الحمد

Rabbanaa lakal-hamdu

ربنا ولك الحمد

Rabbanaa walakal-hamdu

(1) . Muslim(498)

Akkaataa salaataa gabaabinaan

اللهم ربنا لك الحمد

Allaahumma rabbanaa lakal-hamdu

اللهم ربنا ولك الحمد

Allaahumma rabbanaa walakal-hamdu

Akkaataan faaruun kunniin ijaaramiinsi jechootaa fi qubee isaanii xiqqoo wal haa dhabu malee walumaagalatti hunduu hiikkaan isaanii tokkoma. ***'Rabbii keenna! faaruun hundi keeti'*** jechuu dha.

- Rukuu'a irraa erga ol jedhan booda harka gadi diriirsuu caalaa ol deebisanii garaa irratti qabatutu filatamaa dha.

Sujuuda

- ‘**Allaahu Akbar**’ jedhaat harka lamaan osoo ol hin fuudhin gara sujuudaa gadi bu’a.
- Qaama torban irratti sujuuduun dirqama.qaamni torban: *harka lamaan,jilba lamaan,qaccee miilaa lamaan* fi *kallacha funyaan* waliin. Funyaan kallacha wajjiin laakkayama. Ragaan kanaa hadiisa armaan gadiiti.

«عن ابن عباس رضي الله عنهما قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: أمرت أن أسجد على سبعة أعظم، على الجبهة – وأشار بيده إلى أنفه – واليدين، والركبتين، وأطراف القدمين»⁽¹⁾

***Ibnu Abbaas(Radiyallaahu Anhu) kan odeesseen;Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkana jedhan:-
“humnoota/qaamota torba irratti sujuuduu ajajame:-
kallacha –harkaan gara funyaan isaanii akeekan-, harka lamaan, jilba lamaanii fi qaccee miilaa lamaan”***

- Qaama torban kanneen keessaa tokko guutumatti lafa yoo hanqate sujuudni sirrii miti.
- Kallachaa fi funyaan irratti sujuuduun dirqama.kallacha qofa irratti yoo sujuude sujuudni guutuu hin ta’u. Funyaan qofa irratti yoo sujuude ammoo sujuudni sirrii miti. hundeen(bu’uurri) kallacha waan ta’eefi.
- Sujuudaaf gadi yoo bu’u jilba lamaaniiin dursee bu’a. harka lamaaniiin dursee yoo bu’es ni ta’a. akka lamaanittuu salaanni sirrii dha. Garuu jilba lamaaniiin dursee yoo bu’e filatamaa dha.
- Yeroo sujuudaa harka lamaan cinaacharraa fageessuun sunnaa jaalatamaa dha. Kanaaf ragaan hadiisota armaan gadiiti.

عن عبد الله ابن بحينة رضي الله عنه: «أن النبي صلى الله عليه وسلم: كان إذا صلى فرج بين يديه حتى يبدو بياض إبطيه»⁽²⁾

***Abdallaah ibn Buheeynaa(Radiuallaahu Anhu) kan odeesseen;
“ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) yeroo***

(1) . Albukhaarii(812), Muslim(490)

(2). Albukhaarii(390), Muslim(495)

salaatan sujuuda irratti harka isaanii lamaan hanga addeenni bobaa isaanii mul'atutti kan banan ta'an"

عن أنس ابن مالك رضي الله عنه، عن النبي صلى الله عليه وسلم قال:
«اعتدلوا في السجود ولا يبسط أحدكم ذراعيه انبساط الكلب»⁽¹⁾

Anas ibn maalik(Radiyallaahu Anhu) kan odeesseen;ergamaan rabbii(sallallaahu aleyyihi wasallam) akkas jedhan:"Sujuuda keessa sirraayaa;tokkoon keessan harka isaa lamaan akka sareen afutti akka hin afne"

عن عائشة رضي الله عنها، أن النبي صلى الله عليه وسلم: «كان ينهى أن يفترش الرجل ذراعيه افتراش السبع»⁽²⁾

**Aa'ishaan(Radiyallaahu Anhaa) kan odeessiteen:
"Nabiyyiin(Sallallaahu Aleyyihi Wasallam) sujuuda keessa irree lamaan akka bineensotaa adamsituutti afuu irraa dhoorgan"**

- Sujuudaa keessa harki qixa ceekuu ykn gurraa keessaa bakka tokko kaayama.
- Sujuuda keessa sarbaa(gudeedaa) fi garaan addaan fagaatuu qaba. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleyyihi wasallam) yeroo sujuudan sarbaa(gudeeda) isaanii addaan banan;garaa fi sarbaa addaan fageessan malee walitti hin maxxansan.
- Qacceen qubbeen miilaa gara qiblaa deebi'uun sunnaa dha. miila addaan banuu fi walitti maxxansuunis akkaataan lamaanuu ni ta'a.
- Qubbeen harkaa walitti maxxananii gara qiblaa deebi'u.
- Walumaagalatti sujuudni sunnaa qunnamu bifa armaan gadii kana qaba:-
 - Irreen(dhundhummeen) lamaan lafarra afamuu dhabuu
 - Akka bobaan mul'attutti harkaa fi cinaachi addaan fagaatuu.
 - Harki lamaan qixa gurraa ykn ceekuutiin kaayamuu.

(1) . Albukhaarii(822), Muslim(493)

(2) . Muslim(498)

- Miilli/faanti ol dhaabbattee qacceen qubbeenii gara qiblaa deebi'uu.
- Garaa fi sarbaan/gudeedni walirraa fagaatuu ynk walitti maxxanuu dhabuu.
- Qubbeen harkaa diriiranii gara qiblaa deebi'uu.

Sujuudni bifa jahan kana qabu sujuuda sunnaa qunnamu. Bifti kunniin yoo hin guutamin sujuudni sirrii dha garuu sunnaa hordofuun hir'atee jira. Bifti kunniin jaalatamaa malee dirqama waan hin ta'aniif keessaa hir'atuun sujuuda hin balleessu.

- Uffata uffatanii salaataa jiran irraa kallacha jala godhanii irratti sujuuduun jibbamaa dha.
- Zikrii sujuuda keessatti jedhamu:-

«سبحان ربي الأعلى»

«Subhaana Rabbiyal-A'ila»

Rabbiin kiyya hundaa ol ta'e qulqullaaye

Zikriiwwan iddoo rukuu'aatti dubbataman '**Subhaana Rabbiyal-Aziim'** kan jedhuun ala sujuuda keessattis jechuun ni ta'a. isaanis:-

«سبوح قدوس رب الملائكة والروح»

«Subbuuhun Qudduusun Rabbul Malaa'ikati Warruuh»

Rabbiin malaa'ikootaa fi jibriil qulqullaayee ulfaate

«سبحانك اللهم ربنا وبحمدك اللهم اغفر لي»

«Subhaanaka Allaahumma Rabbanaa Wabihamdika

Allaahumma Igfirlii»

Yaa gooftaa keenna qulqullinnaa fi faaruunis siif haa ta'u.yaa rabbi naaf araarami

Sujuudarraa ol jedhuu

- Sujuuda irraa ol jedhuun rukniiwwan salaataa keessaa tokko. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleyyi wasallam) namicha salaata balleesse yoo barsiisan akkas jedhaniin:-

«ثم ارفع حتى تطمئن جالسا»

Ergasii oljedhi(sujuudarraa) hanga tasgabbiin teettutti

- Jidduu sujuuda lamaanii taa'uunis rukniiwwan salaataa keessaa tokko. Aa'ishaan(Radiyallaahu Anhaa) salaata nabiiyyii(sallallaahu aleyyi wasallam) yoo ibsitu akkas jetti.

«وكان إذا رفع رأسه من السجدة، لم يسجد حتى يستوي جالسا»⁽¹⁾

“Nabiiyyiin(sallallaahu aleyyi wasallam) sujuudarraa mataa isaanii yoo olfuudhan; hanga tasgabbaa’anii taa’anitti deebi’anii hin sujuudan”

- **Akkaataan taa’umsaa**:- miila bitaa ciibsee(afee) irra taa’ee miila mirgaa ol dhaaba.
- Harka lamaan diriirsee sarbaa(gudeeda) irra kaaya.
- Miila bitaa ciibsee irra taa’a. miila mirgaa faana oldhaabee yoo kaayu qubbiin miila mirgaa qacceen isaanii gara qiblaa deebi’u. bifa kanaan taa’uun jaalatamaa dha.
- Taa’umsa jidduu sujuuda lamaanii keessatti zikriin jedhamu dirqama. Zikriiwwan asitti jedhaman kanneen armaan gadiiti.

«رب اغفر لي»

«Rabbig-firlii»

«Yaa rabbi naaf aaraami»

Yeroo(3) yookaan san caalaa jechuun ni ta’a.

«اللهم اغفر لي، وارحمني، وعافني، واهدني، وارزقني»

«Allaahummagfirlii,warhamnii,waaafinii,wahdinii,warzuqnii»

«Yaa rabbi naaf aaraami,rahmata naaf godhi,fayyaa naaf kenni,na qajeelchi,rizqii naaf kenni»

⁽¹⁾ . muslim(498)

Akkaataa salaataa gabaabinaan

Zikriiwwan lamaan kanneen keessaa kan barbaade jechuun ni ta'a.

- Sujuuda irraa gara dhaabbataa yoo ka'u harka lamaaniiin jilbarratti irkifataa ol ka'a.

Raka'aa Lammaffaa

- Raka'aan lammaffaa akkuma raka'aa tokkoffaatti salaatamti. Nabiyyiin(sallallaahu aleeyhi wasallam) namicha salaata balleesse yeroo barsiisan erga hanga raka'aa tokkoo barsiisan booda salaata kee hundaa akkanatti salaati jedhaniin.
- Raka'aan lammaffaa akkuma raka'aa duraatitti salaatamti garuu wantoonni irraa hafan gariin ni jiru. Isaanis:-
 - **Takbiiraa seenasaa**:-Takbiiraan Seensaa salaataan banuuf waan ta'eef raka'aa 2ffaa fi tan isii boodaa keessattis hin jirtu.
 - **Du'aa'uu baniinsaa**:- du'aa'ii baniinsaa raka'aa 2ff keessatti jedhuun hin ta'u. iddoon isiin itti jedhamtu raka'aa duraa waan ta'eef jalqaba dagatee ykn beekkaan yoo dhiise raka'aa biroo keessatti deebi'ee jechuun hin ta'u.
 - **Niyyaa haaroomsuu**:- niyyaan jalqaba yeroo salaataatti seenu niyyate gahaa waan ta'eef raka'aa lamuu keessatti haaromsuun hin barbaachisu.

Tashahhuda(attahiyyaata) Jalqabaa

Taa'umsa tashahhuda duraa keessatti akkaataan kaa'umsa harkaa bifa lama:-

1. **Harka lamaan sarbaa(gudeeda) lamaan irra kaayuu:** Harka mirgaa sarbaa mirgaa irra harka bitaa sarbaa bitaa irra kaayuu.
2. **Harka lamaan jilba lamaan irra kaayuu:** Harka mirgaa jilba mirgaa irra harka bitaa jilba bitaa irra kaayuu.

Yeroo tashahhuda gara'u akkaataan kaa'umsa harkaa bifa sadi qaba:-

1. Quba xiqqaa fi kan isatti aanu dachaasee,quba guddaa fi quba walakkaa qaccee wal tuuysisuun akka qubee(geengoo) godhee quba akeektuun akeekuu.
2. Quba xiqqaa,kan itti aanuu fi kan walakkaa dachaasee; quba guddaa hundee quba akeektuu bira godhee quba akeektuun akeekuu.
3. Quba akeektuu malee hundayyuu dachaasee quba akeektuun akeekuu.

Akkaataan sadeen kunniin hundinuu sirii dha.kan fedhan keessaa filatanii godhuun ni ta'a. waljijjiiraa bifa garagaraa yeroo garagaraatti yoo fayyadaman gaarii dha.

- Qubbiin bifa dubbatame kanaan dachaasuu fi akeekuun yeroo tashahhuda qofa malee yeroo jidduu sujuuda lamaanii taa'an akkas hin godhamu.
- Quba akeektuun yeroo akeeku gadi hin jallisu; qajeelchee akeeka.
- Yeroo akeeku quba sosochoosuun barbaachisaa miti.hadiisota akkaataa salaata ergamaa rabbii(sallallaahu aleyhi wasallam)

dubbatan keessatti quba akeekuu malee sosochoosuun hin dubbatamne.

- Tashahhudni jalqabaa dirqamoota salaataa keessaa tokko. Daguun yoo dhiifame sujuuda daguu(sujuuda sahwii) bu'uun sirraaya. Tashahhuda jalqabaa Nabiyyiin(sallallaahu aleeyhi wasallam) dhiisanii hin beekan. Dhiisuu dhabuun isaanii dirqama ta'uu isaa agarsiisa. Nabiyyiin(sallallaahu aleeyhi wasallam) gaafa dagatanii tashahhuda duraa dhiisanii olka'an sujuuda daguu bu'anii sirreessan. Ergamaan Rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) sahaabota isaanii tashahhuda barsiisuu irratti akkaan xiyyeeffatan. Ibnu Abbaas(Radiyallaahu Anhu) xiyyeeffannaa isaanii yoo ibsu; "nabiyyiin(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkuma suuraa qur'aanaa nu barsiisuu irratti xiyyeeffatan tashahhuda nu barsiisuu irrattillee xiyyeeffatan" jedha.
- Tashahhudni akka armaan gadiiti:-

التحيات لله، والصلوات والطيبات، السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته، السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين، أشهد أن لا إله إلا الله، وأشهد أن محمدا عبده ورسوله.

«Attahiyyaatu lillaahi,wassalawaatu waxxayyibaatu,assalaamu Aleeyka ayyuha-nnabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuhuu,Assalaamu aleeynaa wa alaa ibaadillaahi-ssaalihiin,Ashahadu an-Ilaa ilaaha illallaahu wa ashhadu anna Muhammadan abduhuu warasuuluh»

«Kabajaan ykn guddinni Rabbiifi.Salaatota ykn ibaadaawwan hundii fi wantoonni gaggaarii hundi isaafi, isatu haqa godhata. Nagayaa fi Rahmanni Rabbii akkasumas barakaan isaa sirratti haa jiraatuu yaa Nabiyyii Rabbii.Nu'ii fi gabroottan Rabbii gaggaarii irrattis nageenni haa jiraatu.Rabbiin malee dhugaan

gabbaramaan akka hin jirre ragaa baha. Muhammad gabrichaa fi ergamaa Rabbii ta'uus ragaa baha»

- Tashahhuda jalqabaa keessatti nabiyyii(sallallaahu aleyhi wasallam) irratti salawaanni hin buusamu. Nabiyyii(sallallaahu aleyhi wasallam) irratti salawaata buusuun tashahhuda(attaahiyyaata) dhumaa keessatti.

Ibnul qayyim(rahimahullaah) akkana jedhan:-*“tashahhuda jalqabaa gabaabsutu barbaadama.ergamaan rabbii(sallallaahu aleyhi wasallam) isaaf yoo taa’an dafanii ka’u. isa keessatti salawaata buusuun isanii hin gabaafamne. Ummatas tashahhuda duraa keessatti salawaata akka buusan hin barsiifne. Sahaabota keessaallee nama tokko irraayyuu tashahhuda duraa keessatti salawaata buusuun jaalatamaa ta’uun isaa hin baramne”⁽¹⁾*

(1) . Jalaa’ul Afhaam(360)

Tashahhuda(Attahiyyaata) duraa irraa ol ka'uu

- Tashahhuda duraa irraa yoo ol ka'an harka lamaan ol fuudhu. Ragaan kanaa hadiisa armaan gadiiti.

أن ابن عمر رضي الله عنه، كان إذا دخل في الصلاة كبر ورفع يديه، وإذا ركع رفع يديه، وإذا قال: سمع الله لمن حمده، رفع يديه، وإذا قام من الركعتين رفع يديه، ورفع ذلك ابن عمر إلى النبي الله صلى الله عليه وسلم.⁽¹⁾

Ibnu Umar(Radiyallaahu Anhu) salaataatti yoo seenan allaahu akbar jedhaa harka lamaan olfuudhan,rukuu'a yoo godhan harka lamaan olfuudhan,sami'allaahu liman hamidah yoo jedhanis harka lamaan olfuudha,raka'aa lammataa irraa yoo olka'anis harka lamaan olfuudhan;Ibnu Umara gocha kana nabiyyii irraa baratuu himan.

Walumaagalattii salaata keessa harki iddoo afuritti ol fuudham. isaanis:-

- Yeroo jalaqaba salaataatti seenan.
 - Yeroo rukuu'a godhan.
 - Yeroo rukuu'a irraa ol jedhan.
 - Raka'aa lammaffaa irraa gara sadaffaa yoo ka'an.
- Salaatarraa raka'aa lammaffaa booda kan hafu- raka'aan sadaffaa fi afraffaan - akkuma raka'aan tokkoffaa fi lammaffaan salaatanitti salaatamu.

(1). Albukhaarii(739)

Tashahhuda(Attahiyyaata) Dhumaa

- Tashahhudni dhumaa rukniiwwan salaataa keessa tokko.Tashahhuda dhumaa keessatti homa tashahhuda duraa keessatti jedhamutu jedhama. Sunis:-

التحيات لله، والصلوات والطيبات، السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته، السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين، أشهد أن لا إله إلا الله، وأشهد أن محمدا عبده ورسوله.

«Attahiyyaatu lillaahi,wassalawaatu waxxayyibaatu,assalaamu Aleeyka ayyuhannabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuhuu,Assalaamu aleeynaa wa alaa ibaadillaahi-ssaalihiin,Ashahadu an-Ilaa ilaaha illallaahu wa ash-hadu anna Muhammadan abduhuu warasuuluh»

« Kabajaan ykn guddinni Rabbiifi.Salaatota ykn ibaadaawwan hundii fi wantoonni gaggaarii hundi isaafi, isatu haqa godhata. Nagayaa fi Rahmanni Rabbii akkasumas barakaan isaa sirratti haa jiraatuu yaa Nabiiyii Rabbii.Nu'ii fi gabroottan Rabbii gaggaarii irrattis nageenni haa jiraatu.Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan akka hin jirre ragaa baha.Muhammad gabrichaa fi ergamaa Rabbii ta'uus ragaa baha»

- Tashahhuda dhumaa keessatti nabiiyii irratti salawaata buusuun sunnaa jabeeffamaa dha. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) namicha tokko salaata keessatti osoo rabbiin hin faarfatinii fi nabiiyii irratti salawaata hin buusin du'aa'ii kadhatu dhagahanii “kuni jerjeree jira” jedhan.waan kadhatuu barbaadu osoo hin kadhatin dura ulaagee barbaachisu hin guunne jechuu isaaniiti. Ergasii waamanii akkas jedhaniin:-“*tokkoon keessan du'aa'ii yoo kadhatuu barbaade dura rabbiin faarsuun haa eegalu. ergasii nabiiyii irratti salawaata haa buusu. sana booda waan barbaade haa kadhatu.*”

Akkaataan salawaata Nabiyyii(sallallaahu aleyhi wasallam) irratti itti buusan akka armaan gadiiti:-

اللهم صل على محمد وعلى آل محمد، كما صليت على إبراهيم، وعلى آل إبراهيم، إنك حميد مجيد، اللهم بارك على محمد، وعلى آل محمد كما باركت على إبراهيم، وعلى آل إبراهيم إنك حميد مجيد.

“Allaahumma salli Alaa Muhammad wa alaa aali Muhammad,kamaa salleeyta alaa ibraahiima, wa alaa aali ibraahiima, innaka hamiidun majiid. Allaahumma baarik alaa Muhammad, wa alaa aali Muhammad kamaa baarakta alaa ibraahiima wa alaa aali ibraahiima innaka hamiidun majiid”

Yaa Rabbi Muhammadii fi maatii Muhammad irratti nagaa buusi;Akkuma Ibraahimii fi maatii Ibraahim irratti nagaa buufte,Ati faarfamaa guddifamaa dha.Yaa Rabbi!Muhammadii fi maatii Muhammad irratti barakaa godhi;Akkuma Ibraahimii fi maatii Ibraahim irratti barakaa goote,ati faarfamaa guddifamaa dha.

- Tashahhuda dhumaa keessatti salawaata nabiyyii irratti erga buusee booda waa afur irraa maganfatu barbaachisa. Hadiisa Abuu Hureeyraan(Radiyallaahu Aanhu) odeesse keessatti ergamaan rabbii(sallallaahu aleyhi wasallam) akkas jedhan:-

إذا انتهى أحدكم من تشهده فليستعذ بالله من أربع: من عذاب جهنم، ومن عذاب القبر، ومن فتنة المحيا والممات، ومن فتنة المسيح الدجال.

Tokkoon keessan tashahhudarraa yoo bahe waa afur irraa haa maganfatu: "Azaaba jahannam, Azaaba qabrii, balaa jiruu fi du'aa fi balaa masiih addajjaal"

Akkaataan itti maganfatu akka armaan gadiiti:-

اللهم إني أعوذ بك من عذاب جهنم، ومن عذاب القبر، ومن فتنة المحيا والممات، ومن فتنة المسيح الدجال.

Allaahumma innii a'uuzu bika min azaabi jahannama,wamin azaabil-qabri, wamin fitnatil-mahyaa wal-mamaati,wamin fitnatil-masiihi-ddajjaal.

yaa rabbi azaaba jahannam,azaabaa qabrii,balaa jiruu fi du'aa akkasuma balaa masiih addajjaal irraa sitti maganfadha.

- Wantoota afran irraa erga maganfate booda du'aa'ii barbaadeen kadhatuu ni danda'a. du'aa'iiwwan sunnaa keessatti dhufan irratti xiyyeeffatuun filatamaa dha.

Salaama Baafatuu

- Du'aa'ii barbaadeen erga kadhatee booda salaama baafata. Salaama baafatuun rukniwwan salaataa keessaa tokko.
- Salaama baafatuu keessatti sunnaa kan qunnamu gara mirgaa fi bitaatti salaammattuu fi hanga boqoon sirritti mul'attutti naanna'uudha. Ibnu Mas'uud(Radiyallaahu Anhu) akkaataa Nabiyyiin(sallallaahu aleeyhi wasallam) salaama itti baafatan yoo himan akkana jedhu:- “«**Assalaamu Aleeykum Warahmatullaah**» jedhanii mirgaa fi bitatti hanga addeenni boqoo isaanii mul'atutti salaama baafatan”
- Salamni sunnaa qunnamu sagalee harkisuu fi dheeressuu dhiisuu akkasuma qubee 'h' irra-butaa godhanii dhaabuu dha. Fkn: **Assalaamu Aleeykum Warahmatullaah** jedhan malee **Assalaamu Aleeykum Warahmatullaahi** hin jedhan.
- Tashahhuda dhumaatiif yoo taa'an miila bitaa afanii miila mirgaa jalaan gara mirgaatti achi baasanii **taa'aa** lafaan gahanii taa'an. Akkaataan taa'umsaa kuni **tawarruka** jedhama. Tashahhuda lammffaa keessatti qofa barbaachisa. salaanni tashahhuda lama qabdu salaata raka'aa afurii fi salaata raka'aa sadihiiti. Salaata tashahhuda tokko qofa qabdu keessatti akkaataa taa'umsaa **tawarruka** jedhamu kana hin taa'an.

Tasgabbiin fi khushuu'a

- Tasgabbiin rukniwwan salaataa keessaa tokko. Tasgabbiin hanga zikrii jechuun dirqama ta'u jechuu danda'an turuu dha. Hanga zikrii dirqama ta'e jechuu danda'an turuun tasgabbiin isa irra xiqqaa dha. Kanaa gadi yoo ta'e waajibni(dirqamni) hin guutamne.
- Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) namicha salaata balleesse yeroo barsiisan: *"rukkuu'a godhi hanga rukkuu'a irratti tasgabbooyutti"* jedhaniin. Kuni tasgabbiin ruknii ta'uu mul'isa. Huzeeyfaan(Radiyallaahu Anhu) namicha salaatu kan salaata keessa tasgabbiin hin qabne argee akkana jedheen: *"ati hin salaanne, osoo haala kanarratti duutee karaa nabi Muhammadiin alatti duutee jirta"*
- Khushuu'in salaata keessa jaalatamaa fi sunnaa dha. Khushuu'a jechuun: qalbiin gad uf qabdee gadi xiqqaattee rabbi afoo dhaabbatuu dha.
- Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkasuma hangafooni sahaabaa(radiyallahu anhum) khushuu'aaf xiyyeeffannaa guddaa kennan.
- Sochiin baay'een walitti yoo aante salaata ni balleessiti. Sochiin baay'ee ta'uun maaliin madaalama? namni sochii argaa jiru namni socho'u kuni salaataa keessa hin jiru jedhee hanga sehu takka yoo socho'e sochiin kuni baay'ee jedhama.

Sutraa(girdoo) Nama Salaatu Fuuldura Kaayamtu

- Namni salaatu sutraa fuul-dura kaayatuun sunnaa jabeeffamaa dha. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) akkana jedhan:-

«إذا صلى أحدكم فليأخذ سترة، وليدن إليها»⁽¹⁾

Tokkoon keessan yoo salaatu sutraa haa godhatu; gara isii haa dhiyaatu.

- Sutraan ol dhaabamtee kaayamti malee lafarra hin ciibsamtu.
- Sutraan hangi isii hanga irkoo kooraa gara duubaa gahuu qabdi. Ragaan kanaa hadiisa Aa'ishaan(Radiyallaahu Anhaa) odeessite armaan gadii kana:-

عن عائشة رضي الله عنها، أن رسول الله صلى الله عليه وسلم: سئل في غزوة تبوك عن سترة المصلي؟ فقال: كمؤخرة الرجل.⁽²⁾

Aa'ishaan(Radiyallaahu Anhaa) kan odeessiteen ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) duula tabuuk keessatti sutraa nama salaatu dura kaayamtu irraa gaafatamanii: "hanga irkoo duubee koorati" jedhan.

Irkoon duubee kooraa hanga walakkaa dhundhumaa ykn xiqqoo sanii gadi ta'uu malti. sutraan namni salaatu fuula dura kaayatu yoo xiqqaatte hanga kana gahuu qabdi. Hojjaan sutraa hanga duubee kooraa yoo ta'u dalgeen isii ammoo hangi isii daangeffamaa miti. Qal'oo yoo taates rakkoo hin qabu.Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) eboo sutraa godhatanii salaatanii jiran.

- Nama salaatu afoo qaxxaamuruun dhoorgaa/haraama. Ragaan kanaa jecha ergamaa rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) armaan gadiiti.

(1) . Abuu Daawuud(698)

(2) . Abuu Daawuud(698)

«لو يعلم الماربين يدي المصلي ماذا عليه لكان أن يقف أربعين خيرا له من أن يمر بين يديه»⁽¹⁾

Namni nama salaatu afoo dabru; yakka isarra jiru osoo beekee;isa afoo dabruu irra (guyyaa,baatii ykn waggaa) afurtama dhaabbatee hanga salaata geeffatuu eegutu isaaf caala.

Hadiisa kana keessatti afurtamni guyyaa,baatii ykn waggaa ta'uun hin ibsamne. Filannoo sadeen keessaa irra xiqqaan isaa guyyaa dha. guyyaa afurtama dhaabbatuun waan guddaa fi ulfaataadha. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) haala kanaan yoo ibsan nama salaatu afoo dabruu irraa dhoorguu fi nama salaatu afoo dabruun yakka guddaa ta'uu hubachiisuu barbaadaniiti.

- Namni salaatu nama isa afoo dabruu deemu akka hin dabarre dhoorguu qaba. Ragaan kanaa jecha ergamaa rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) armaan gadiiti.

«إذا اتخذ أحدكم ما يستره في صلاته فإذا أحد أراد أن يمر بينه وبين سترته فليرده، فإن أبي فليقاتله، فإنه شيطان»⁽²⁾

Tokkoon keessan yeroo salaatu sutraa yoo godhate; jidduu isaatii fi sutraa namni dabruu yoo barbaade haa deebisu;deebi'uu yoo dide haa loluun;inni sheyxaanaatii.

- Namni salaatu sutraa yoo hin kaayatin irraa fagoo yoo ta'e afoo dabruun ni ta'a. Itti dhihoo yoo ta'e afoo dabruun haraama(dhoorgaa) dha. Dhihoon hanga bakka sujuuda itti bu'uuti. Sanii achi kan jiru fagotti ilaalama.
- Nama salaatu afoo qaxxaamuruun haraama ta'us garuu salaata hin balleessu yoo kan qaxxaamure **dubartii,saree gurraacha/ttii** fi **harree** taate malee. Wantoonni sadeen

(1). Albukhaarii(510) Muslim(507)

(2) . Albukhaarii(509), Muslim(505)

kunniin yoo qaxxamuran salaanni ni bada. Ragaan kanaa jecha ergamaa rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) armaan gadii ti.

«إذا صلى أحدكم، فإنه يستتره مثل آخره الرجل، فإذا لم يضع مثل آخره الرجل، فإنه يقطع صلاته المرأة، والحصار، والكلب الأسود»⁽¹⁾

Tokkoon keessaan yoo salaatu wanti hanga irkoo kooraa gara duubaa waan isa afoo dabru irraa ni dhoowwiti; wanta akkasii yoo hin kaayatin salaata isaa dubartii, harree fi sareen gurrattiin yoo afoo dabarte ni balleessiti.

Maali haalli saree gurraachaa? Saree adii, diimaa fi daalacharraa maaltu adda godha? jedhee namichi tokko Abuu zarriin(Radiyallaahu Anhu) kan hadiisa kana odeesse gaafate. Abuu Zarri(Radiyallaahu Anhu) akkas jedhanii deebisaniif:- “Ergamaa rabbii(sallallaahu aleeyhi wasallam) gaafadhee ture; sareen gurraachi sheyxaana” naan jedhan.

(1) . Muslim(510) hadiisa Abuu zarri(RA) odeesse.

Salaata Dubartii

- Wantoota dabran hunda kan akka: zikriiwwanii,qaraatii qur'aanaa fi akkaataa salaataa keessatti dubartiin akkuma dhiiraati. Wantoota dabran kan akka sunnaawwan salaataa,dirqamoota salaataa fi arkaanota salaataa keessatti dubartiin akkuma dhiirri godhu gooti. Ergamaan rabbii(sallallaahu aleyyi wasallam) dubartoonni gita dhiirotaa ti jedhan. kana jechuun,murtiiwwan waloo ta'an keessatti dubartoonni wantoota dhiironni godhan godhuu qaban jechuu dha.
- Kanneen keessaa waan tokko qofatu baha. Innis: bakkeewwan dhiirri qaama isaa babal'isuu fi addaan fageessuu qabutti dubartiin walitti dhiheessuu fi walitti maxxansuu qabdi. Fakkeenyaaf, yeroo sujuudaa dhiirri harka isaa lamaan cinaacharraa fageessuu qaba.dubartiin fageesuu hin qabdu.

Akkaataa salaataa gabaabinaan

Faaruu hundi kan rabbii aalamaati. Rabbi salawaataa fi nagaya nabiyyii keenna muhammadiin,maatii isaanii fi wahiloota isaanii irratti haa buusu.

-Galata rabbii xumurameera-
